

## COVID-19 Sulula Boow keessatti: Odeeffannoo barbaachisaa waa'ee fayyaa keessanii

Hojjetootni kunuunsa fayyaa Sulula Boow keessaa odeeffannoo barbaachisaa kana isiniif qoodaa jiru. Akka isin fayyaa taatanii turtan fedhu, qaamaa fi sammudhaan.

**Yoo dhukkubiin isinitti dhaga'ame [gophaatti of baasuun](#) COVID-19'f qorannoo taasifachuu qabdu.**

Yoo namni isin itti dhi'aachaa turtan tokko covid-19 f qoratamee posatiiva ta'e, [gophaatti of baasuun](#) fi qorannoo taasifachuu qabdu.

Yooma dhukkubbiin isinitti dhaga'amaa hin jiru ta'es, qorannoo godhachuu dandeessu.

Erga qoratamtanii booda, doktorri yookaan narsiin fayyaa hawaasaa waa'ee bu'aa qorannoo keessaniif isiniif bilbilu, akkasumas waan isin itti aansuun gochuu qabdan isinitti himu.

### Typical Symptoms of COVID-19 Infection

Anyone who has these symptoms **MUST SELF-ISOLATE** for a minimum 10 days or until symptoms resolve, whichever is longer.



Fever



Cough



Shortness  
of breath



Difficulty  
breathing



Sore  
throat



Runny  
nose

Namni kamiyyuu mallattoolee COVID-19 of irratti arguu danda'a. Mallattooleen sun ammoo baay'ee salphoo ta'uu danda'u.

Yoo dhukkubbiin isinitti dhaga'ame, gara [www.ahs.ca/covid](http://www.ahs.ca/covid) deemuu dandeessu. '[Qorannoo-dhuunfaa](#)' sana guutuu dandeessu.

Gara 811ttis bilbiltanii lakkoofsa 5 tuquun narsii waliin waa'ee mallattoolee of irratti argitanii dubbachuu dandeessu.

Yoo marsariitichi yookaan narsiin akka qorannoo COVID-19 godhattaniif isinitti himan, gara kilinika naannoo keessan jiruu deemuun ilaalamuu dandeessu.

Kilinikoota kunneen keessaa gara isa tokkootti bilbilaatii akka qorannoo COVID-19 godhachuun isinirra jiru hojjettoota kilinikichaatti himaa.

Kilinika fayyaa Alpiin (Banff) 403.762.3155 (torbanitti guyyaa 7 hojiirra jira)

Ogeessota fayyaa Maatii Bear st. (Banff) 403.762.4846 (Wiixataa-Jimaataa)

Kilinika Fayyaa waliinii Kaanmoor (Canmore) 403.678.5585 (Wiixataa-Jimaataa)

Kilinika Fayyaa Leek Luwiis (Lake Louise) 403.522.2184 (Wiixataa-Jimaataa)

Dhaabbata Fayyaa Ridgeewiwu (Canmore) Tel 403.609.8333 (torbanitti guyyaa 7 hojiirra jira )

**Qajeelfama [qophaatti adda of-baasuu](#) hordofuu qabdu. Qajeelfamoota kana hordofuun seera dha.**

### **Imala**

Guyyaa 14f kophaatti of-baasuu qabdu, yoo gara Albeertaatti deebitan yookaan biyya Kanaadaa ala ta'erraa Albeertaa seentan.

### **Mallattoolee**

Yoo mallattoon isin argitan dhukkubbii duraa yookaan haala fayyaa duraan qabdan irraa adda ta'eef guyyaa 10f kophaatti adda of baasuu qabdu: qufaa, ho'iina qaama, hafuura cituu, dhangala'aa funyaan keessaa yookaan qoonqoo hadhaa'uu.

Yeroo mallattoo of irratti arguu jalqabdan guyyaa 10f adda of baasu qabdu, yookaan hamma mallattooleen isinirraa badanitti, hangamiyyuu haa turuu.

Yoo qoratamtanii bilisa taatanii fi vaayirasii sanaaf waan nama saaxilu beekamaa kan hin qabne taatan, akka adda of baastaniif seeran hin dirqamtan. Hamma mallattoon isin irraa badutti akka namoota biraa hin faalleef mana turuu qabdu.

### **Wal-tuttuqqiiDhi'eenyaa**

Yoo nama COVID-19 f qoratamee posatiiva ta'e waliin walitti dhi'eenyaaf tuttuqaa qabaattan, **guyyaa 14f** [gophaatti of baasuun](#) mallattoo of irratti ilaaluuf dirqama seeraa qabdu. Yooma qorannoon COVID-

19 keessan negatiiva ta'uu mul'iseyyuu kophaatti adda of baasuudhaan mallattoo of irratti ilaaluu itti fufuu qabdu .

Yeroo kana keessatti yoo mallattoo of irratti arguu jalqabdan, yeroo mallattoon sun mul'achuu jalqabe irraa kaasuudhaan **guyyaa dabalataa 10f** kophaatti adda of baasuu qabdu, yookaan haga mallattooleen sun isinirraa deemanitti, hammamiyyuu haa turuu malee.

Hojiin keessan yoo xiqqaate guyyaa 14f ni eegama, akkasumas deggersa galii mootummaa irraa argachuu dandeessu.

Yoo COVID-19 isin irratti argame, isin, doktara keessanii fi nama akka itti himamu isin filattan kamuu qofaatu beeksifama. Yoo isin, miseensa maatii keessan, yookaan namni isin waliin hojjetan COVID-19 n qabaman, hawaasni Sulula Boow isin gargaaruuf qophii dha. Namni kamillee vaayirasii Kanaan akka qabamuu danda'u namni hunduu ni hubata.

Yoo loogii yookaan ilaalchi walqixxummaa irratti hin hundoofne isin quunname, waa'ee waan isin mudatee haasa'uuf, adaraa Tajaajilaa Mufii Tasgabbeessu Sulula Boow keessa a 403.762.1144 irratti qunnamaa

### **Kilinikootni Fayyaa ammayyuu ni argamu**

Ammayyuu doktorootnii fi kiliinikootni fayyaa isiin gargaaruuf qophii dha. Beellama qabachuuf gara Kiliinika fayyaatti bilbiluu dandeessu. Yoo Kanaan dura gara kiliinika fayyaa magaalaa keessanii deemtaniittu ta'e, sun *kiliinika maatii* keessanii jedhama. Yoo kiliinika maatii qabaattan, gara sanatti bilbiluun beellama achitti qabachuu qabdu.

**Kiliinika fayyaa Alpiin (Banff) 403.762.3155 (torbanitti guyyaa 7 hojiirra jiru )**

**Ogeessota fayyaa Maatii Bear st. (Banff) 403.762.4846 (Wiixataa-Jimaataa)**

**Kiliinika Fayyaa waliini Kaanmoor (Canmore) 403.678.5585 (Wiixataa-Jimaataa)**


**Kiliinika Fayyaa Leek Luwiis (Lake Louise) 403.522.2184 (Wiixataa-Jimaataa)**

**Dhaabbata Fayyaa Ridgeeviiwu (Canmore) Tel 403.609.8333 (torbanitti guyyaa 7 hojiirra jiru )**

Yeroo gara kiliinikaatti bilbilitan, **afaan adda addaatin odeeffannoo gaafachuu** dandeessu.

“Ani nama afaan naaf hiikun barbaada. Ani kanan dubbadhu (Afaan keessan)” jechuu dandeessu.

Yoo kiliinika maatii barbaadaa jirtu ta'e, gara marsariitii Primary Care Network (PCN) deemuu dandeessu: <http://bowvalleypcn.ca>. Afaanota adda addaa mataa dura fuulichaa irraa filachuu dandeessu.



## Kutaan yaala yeroo muddamaa ammallee ni argamu



Ammallee gara kutaa yeroo muddamaa (ER) deemu dandeessu yoo baay'ee isin dhukkube yookaan miidhamtan. Doktorootni achi jiru isin gargaaruudhaaf. Yoo COVID-19 qabaachuun mala jettanii yaaddan , gara hospitaalaa osoo hin deemin dura gara 811 bilbiluu qabdu.

Yoo haala fayyaa muddamaa qabaattan yookaan osoo mudatuu yoo argiitan, ammallee gara 911tti bilbiluu dandeessu. Yoo isin yookaan namni isin waliin jiru baay'ee miidhamee yookaan baay'ee dhukkubsatee gara hospitaalaa yeroosuma deemuu dadhabe, gara 911 bilbiluu qabdu.

## Odeeffannoo fayyaa bilisaa afaan adda addaa baay'eeitiin argachuf yeroo kamittuu gara 811tti bilbiluu dandeessu



Gara 811tti bilisaan bilbiluu dandeessu.

Narsii waliin yeroo kamittuu guyyaas ta'e halkan dubbachuu dandeessu.

Yeroo bilbiltan, sagalee waraabamee dubbatu ni dhageessu akkasumas lakkoofsa tuquutu isinirra jira.

Gaaffii waa'ee fayyaaf garuu waa'ee COVID-19 hin taanef – lakkoofsa 2 tuqaa.

Gaaffii waa'ee COVID-19f – lakkoofsa 5 tuqaa.

Yeroo narsiin bilbila deebistu, “Ani kanan dubbadhu (afaan keessan)” jechuu dandeessu. Hamma namni afaan hiiku dhi’aatutti haga daqiiqaa tokkoo fudhachuu mala. Yeroo eegdanitti, narsiin afaan Ingiliffaan gaaffii tokko tokko isin gaafachuu dandeessi. Yoo gaaffilee san hin hubanne taatan, narsittiitti himaa.

**Yeroon kun yeroo ulfaataa dha. Namootni miira adda addaa keessa galaa jiru. Kun waanuma barameedha.**



Yeroo kanatti gaddi, sodaan, yaaddoon, yookaan dhiphinni namatti dhaga’amuun waanuma baramee dha; kanaaf nama biraatti waa’ee miirawwan kanneenii dubbachuun nama gargaruu danda’a.

Waa’ee miirawwan isinitti dhaga’amanii doktara keessanitti himuu dandeessu.

Bilisaan gara 403.678.4696 bilbiluu dandeessu, deggersa fayyaa sammuu iccitaan qabame. Lakkoofsa 2 tuqaa yeroo siistamichii bilbila keessan deebisu.

Yoo yaadni ofii keessan yookaan nama biraa miidhuu isinitti dhaga’aamaa jiraate, adaraa gara hoospitalaa isinitti dhi’oo deemuudhaan ‘kunuunsa fayyaa sammuu atattamaaf’ gaafadhaa.

**Akka dadarbuun Covid-19 suuta deemuuf gargaaruu itti fufaa**



Saffisa daddarba COVID-19 hir’isuuf hundi keenya waliin hojjechuu qabna. Akkuma daldalli deebi’ee banamu, carraan qabamuu ni dabala. Wantoota kanaa gadii raawwachuun isinii fi namootni biroon akka hin qabamneef eeguufgargaara:

1. Harka keessan yeroo yerootti sirriitti dhiqadhaa. Bishaanii fi samunaa fayyadamaa. Yoo samunaa fi bishaan fayyadamuu hin dandeessan ta’e, sanitaayizarii harkaa alkoolii irratti hundaa’e fayyadamaa.
2. Qajeelfama Tajaajila Fayyaa Albeertaa hordofaa, fageenya qaamaa fi kophaatti of baasuu irratti.
3. Nama isin waliin hin jiraanne irraa fageenya meetira 2 eeggadhaa.

4. Yeroo manaa ala jirtaniifi bakka namni baay'atutti haguuggii afaaniifi funyaanii godhadhaa.
5. Yoo miirri dhukkubbii isinitti dhaga'ame gara 811tti bilbilaa